


Oromo

Turtii Keessan the Women's tti



the women's
the royal women's hospital





Yaada

Royal Women's Hospital odeeffannoo fayyaa dubartootafi maatii isaanif barbaachisaa ta'e tolchuuf kaayyeffate. Yeroo hundumaa yaada keessan ni simanna. Waa'ee buukleetii kanaa waanti nutti himuu feetan kamiyyuu yoo jiraate, maaloo rwh.publications@thewomens.org.au irratti Women's qunnamaa.

Akkasumas yaada keessan Women's Consumer Health Information
Royal Women's Hospital Locked Bag 300
Cnr Grattan St and Flemington Rd
Parkville VIC 3052 tti erguu dandeessu.

Ibsa

Buukleetin kun odeeffannoo walii galaa qofa kenna. Waa'ee fedhii fayyaa keessanii ykn fedhii fayyaa daa'ima keessanii gorsa yoo feetan, ogeessa fayyaa keessan irraa gorsa argachuu qabdu. Ogeessa fayyaa bira deemu irra buukleetii kana irratti hundaa'uudhaan miidhaa ykn badii isin mudatuuf Royal Women's Hospita itti gaafatamummaa hin fudhatu. Daa'imni keessan waldhaansa hatattamaa barbaachisaaf yoo ta'e, dippartimentii waldhaansa hatattamaa isinitti dhiyoo jiru qunnamaa.

© The Royal Women's Hospital 2015–2022. Maxxansa 3ffaa, 2022.

Abbootii Qabeenyaa Ganamaaf (Traditional Owners) Beekamtii Kennuu

The Royal Women's Hospital uummata Wurundjeri fi Boonwurrung saba Kuulin ta'an Abbootii Qabeenyaa Ganamaa kaawuntichaa bakka Parkville fi Sandringham iddoo argama keenya kanaa ta'aniif beekamtiifi kabaja ni laanna, akkasumas jaarsolii isaanii durii, kan ammaafi kana booda dhufan ni kabajna.

Qabiyyeewwan

Baga Nagan Dhuftan	6
Gara The Women's tti Seenuu	8
Bakka The Women's tti argamu Barbaadaa	10
Tajaajilawwan The Women's tti Kennaman	12
Dubartootafi maatiwwan Aboriginal fi Torres Strait Islander	
Tajaajilawwan fayyaa sammuu	13
Gargaarsa haleellaa maatii	13
Kunuunsa hafuuraa, bakka taa'umsaafi bakkeewwan sagaleen nama jeequ hin jirre	14
Giddu Gala Simannaa Dubartootaa	15
Kunuunsa Daa'ima fi Giddu Gala Barnoota Ijoollee Umurii Xiiqqaa	15
Lafarraa Iddoo nyaatafi wantoota garaa garaa itti gurguramu	16
Wiirtuu Fayyaa	16
Turtii keessan	17
Nama afaan hiiku barbaadduu?	17
Meeshaalee dhuunfaa	17
Sa'aatii itti dhukkubsataa gaafatan	18
Nyaata	18
Sanduuqa siree cinaa keessan	19
Waraabbii sagaleefi viidiyoo	20
Billila	20
Sa'aatii itti hospitaalaa bahan	20

Kunuunsa keessan	21
Eenyu akka taatan maalif adda baafna?	21
Odeeffannoo fayyaa keessan walitti kennuu	22
Waa'ee qorichoota keessanii nutti himaa	23
Infeekshinii ittisuu	24
Arjoomaa dhiigaa yoo barbaaddan	25
Dhukkubarraa bayyanachuu	26
Kufuu ittisuu	27
Isin ykn daa'imni keessan fayyummaan isinitti hin dhagahamuu?	28
Miidhamawwan dhiibbaa	30
Dursanii waldhaansaf karoorsuu	30
Mirgoota waldhaansa fayyaa keessan	31
Hubatanii itti walii galuu	32
Waan yaaddan nutti himaa	33
Galata, komiiwwan, yaada, akeeku	33
Gara manaa deemuu	35
The Women's keessatti hirmaachuu	38





Baga Nagan Dhuftan


Tajaajila, waldhaansafi muuxannoo sadarkaa olaanaa ta'e dhukkubsattoota keenya hundaaf dhiyeessuf kutannoo qabna. Gaaffii ykn yaaddoo yoo qabaattan, hojjattoota keenya dubbisaa. Isin gargaaruf nuti baay'ee gammanna.

Waa'ee buukleetii kanaa

Dhukkubsattoota waldhaansa isaanii keessatti hirmaachisuufi odeeffannoo ifaa ta'e kennuufin fayidaa inni qabu The Women's ni hubata. Buukleetin kun kaayyonsaa waa'ee waldhaansa Royal Women's Hospital tti kennamuu odeeffannoo kennuudha.

Waa'ee Women's odeeffannoo dabalataa argachuuf

Marsariitii Women's daddaftanii seenuf QR Koodii iskaan godhaa thewomens.org.au



Mul'ata Keenya

Dubartootafi daa'immaniif
fuulduree fayyaalessa ta'e uumuu

Kallattiiwwan Tarsiimawaa Keenya



Dubariitafi
daa'imman reefu
dhalataniif
waldhaansa adda
duree ta'e
dhiyeessina



Guyyaa guyyaan
muuxannoo adda ta'e
uumuf qaamolee biroo
waliin qindoominaan
hojjanna



Hojjachuuf,
barachuufi
gumaachuf nuti
bakka
filatamaadha



Jijjiirama fiduuf ni
dursina, akkasumas
kaan waliin
qindoomnee
hojjanna

Dhaadannoo Keenya

Fakkeenyummaa fayyaa modeelii hawaasaf kutannoo qabna

Dubartoota sadarkaa jireenyaa hunda irraa dhufaniif ni dhimmina

Saallifi koorniyaan fayyaafi waldhaansa fayyaa irratti dhiibbaa akka qabu ni hubanna

Nuti sagalee fayyaa dubartootati

Al-loogummaa fayyaa (health equity) galmaan gahuu feena

Duudhaalee Keenya



Jabina



Fedhii



Argannoo



Kabaja



Gara The Women's tti Seenuu

Parkvil keessatti The Women's fiixee Grattan Street and Flemington Road tti argama.

Parkville keessatti jijjiirama tiraafikaa

Buufata Parkville, qaama pirokektii ijaarsa daandii baaburaa kan ta'e, ijaaruf hojiiwwan hedduutti naannoo hospitaalichaatti gaggeeffamaa jira. Royal Parade fi Leicester Street gidduutti Grattan Street amma cufamee jira. Buufanni Parkville bara 2025tti banamuuf karoorfamee jira.

Hojiin guddaan kun turtii keessan Women's tti taasisatan irratti dhiibbaa akkamii akka qabu odeeffannoo dabalataa argachuuf marsariitii kana daawwadhaa [metro.tunnel.vic.gov.au/construction/parkville](https://www.metro.tunnel.vic.gov.au/construction/parkville)



Geejjiba uummataa

The Women's geejjiba uummataatin sirriitti kan tajaajilamu yoo ta'u konkolaataa xixiqqoo (tram) fi iddoo dhaabbii baasii fageenya dhiyoo hospitaalichaatti baasan kan qabuudha.

Kallattii baaburaa, konkolaataa xixiqqaafi baasii akkasumas yeroo geejjibni deemu ilaalciisee odeeffannoo dabalataaf [1800.800.007](https://www.800.007.tti) tti bilbilaa ykn marsariitii kana ilaalaaptv.vic.gov.au/timetables



Taaksii

Royal Melbourne Hospital fuuldura Grattan Street gubbaa bakki taaksii dhaaban jira.



Bakka konkolaataa dhaaban

Gamoo guddaa Women's lafa jala bakki konkolaataa dhaaban murtaa'an jira. Innis Flemington Road irraa karaa karra guddaatin seenama.

Liiftiwwan bakka konkolaataa dhaabanii bakka risepshinii, tajajaila dhukkubsattoota deddeebi'anii yaalamanii, ykn bakka gorsa fayyaa dhuunfaatti geessa. Bakka konkolaataa dhaaban kan to'atu Wilsons Parking yoo ta'u, guyyaa hunda 6.00am–9.00pm tti banaadha. Odeeffannoo dabalataaf: wilsonparking.com.au/park/3244 [Royal Women](https://www.royal-women)

Bakki konkolaataa dhaaban xiqqaan nama buusufi fudhachuuf gargaaru yeroo muraasaf (daqiiqaa 30) Kutaa Giraawundii Gajjaallaa akkasumas Flemington Road dhaan ala jira.

Daandiiwwan naannawa hospitaalichaa jiran irra bakki konkolaata dhaaban muraasni kaffaltiidhan (meter parking) jira. Dhorkaawwan jiran baruuf mallattoolee ilaalaa.

Bakki saayikiilii itti hidhatan karra hospitaalaa isa guddaa (Grattan Street) fi karra Kutaa Waldhaansa Hatattamaa (Flemington Road) irratti ni argama.



Argachuu

Dhukkubsattootafi namoota dhukkubsattoota gaafachuu dhufan qaama miidhamoo ta'aniif bakka konkolaataa dhaaban keenya gulantaa B1 iirra bakki isaanif adda bahe hedduu jira. Bakka seensa Gamoo Gajjallaa nama buusufi fuudhuf kan ta'u iddoon jira.

Wiilchariin seensa guddaa hospitaalichaa Grattan Street (gulantaa Lafaa (Ground level)) irratti akkasumas seensa Waldhaansa Hatattamaa Women's Flemington Road (Seensa Gamoo Jala Gara Gadii) irratti argachuun ni danda'ama.

The Women's tti Iddoo Barbaaddan Ilaalaa



Giraawundii gara gadii

- Waldhaansa Hatattamaafi Galmees
- Seensa bakka konkolaataa dhaabani
- Mana fincaanii uummataa



Gulantaa giraawundii

- Riseepshinii/deeskii odeeffannoo
- Giddu Gala Simannaa Dubartootaa
- Bakka Itti Kadhatan
- Badjurr-bulok Wilam
- Tajaajila Gorsaafi Deggarsaa Dubartootaa
- Leeyizanii Fayyadamaa
- Kunuunsa Daa'imaafi fi Giddu Gala Barnoota Ijoollee Umurii Xiiqqaa
- Bakka nyaata itti gurguraniifi suuqin itti argamu
- Mana fincaanii uummataa
- Kffaltii bilbilaa



Sadarkaa 1

- Kilnikoota Fayyaafi Kilinikoota Ulfaa Dubartootaa
- Kunuunsa Ulfaa Guyyaa Taasifamu
- Kutaa Maatii
- Wiirtuu Raajii Dubartootaa Pauline Gandel
- Mana qorichaa dhukkubsattoota hospitaalaf
- Paatoolojii
- Fiiziyooteraappii
- Sirna nyaatafi saayinsii nyaataa (Nutrition and Dietetics)
- Mana fincaanii uummataa



Sadarkaa

2

- Tajaajila Wal-hormaataa
- Kutaa Gorsaa Dubartootaa Dhuunfaa
- Kutaa Gorsaa Dubartootaa Dhuunfaa Frances Perry House
- Mana fincaanii uummataa



Sadarkaa

5

- Waardii Fayyaa Dubartootaa – 5 North
- Yuunitii Dhibee Ulfaataa (CCU)
- Wiirtuu Hordofii Ulfaa Gara Jalqabaa
- Mana fincaanii uummataa



Sadarkaa

3

- Wiirtuu Deessisuufi Wiirtuu Qorannoo
- Waldhaansa Baqaqsanii Yaaluu Guyyaadhuma Taasifame Manatti Galamu



Sadarkaa

6

- Kutaa Gorsaa Dubartootaa Dhuunfaa Frances Perry House



Sadarkaa

4

- Waardii Haadholii
- Yuunitii Inteesiv Keerii Daa'ima Reefu Dhalatanii (NICU)
- Tajaajijla Harma Hoosisuu
- Iddoo biqiltuu hospitaalaa
- Mana fincaanii uummataa



Sadarkaa

7

- Bakka Qorannoo Dubarootaa
- Kutaa Gorsaa Dubartootaa Dhuunfaa Frances Perry House
- Yuunivarsiitii Meelboorn Muummee Fayyaa Wal-hormaatafi Dahuumsaa
- Mana fincaanii uummataa

Wurundjeri
and
Boonwurrung
Country



Tajaajilawwan The Women's tti Kennaman

Dubartootafi maatiwwan Warra Ganamaa fi Torres Strait Islander

Badjurr-Bulok Wilam (jechaun afaan Woiwurrung afaan uummata Wurundjer tiin 'mana dubartoota hedduu') jechuu kan ta'e dhukkubsattoota Warra Ganamaafi/ykn Torres Strait Islande fi maatii isaanif bakka itti nama buusan ni dhiyeessa. Namoonni warra ganamaa hin taane garuummoo jaalallee warra ganamaa qaban deeggarsaaf Badjurr-Bulok Wilam akka argatan ni jajjabeeffamu. Kuni deeggarsa tajaajila, odeeffannoo, rifaraala gara taajajilawwanii fi deeggarsawwan qabatamaa hospitaalichaa argachuu of keessatti hammachuu danda'a.



Badjurr-Bulok Wilam iddoo boqonnaa isiniifi maatin keessan teessan, jirbii footan, uummata Warra Ganamaafi Hojjataa Laayizanii Hospitaala Torres Strait Islander (AHLO) wajjin bunaafu shaayii dhugdan ni dhiyeessa. Badjurr-Bulok Wilam gulantaa giraawundii seena guddaa hospitaalichaa irratti argama.

Tajaajilawwan fayyaa sammuu

The Women's garee ogeeyyii fayyaa sammuu dhukkubsattoota keenya amma jiraniif filannoo qorannoofi waldhaansaa dhiyeessan qaba.

Tajaajilawwan fayyaa sammuu keenyatti rifaraalin godhamu tarii kanneen armaan gadiif ta'uu danda'a:

- dhukkubbii sammuu kanaan dura ture
- yaaddoo ykn dhiphina ulfaafi dahuumsa wajjin wal-qabatu
- daa'ima reefu dhalatte waliin rakkoo hidhataafi itti dhiyaachuu jiru
- deeggarsa gorsa dhimmoota kanneenin wal-qabataniif:
 - Rakkoo fayyaa cimaa
 - gaayinaakoolojii umurii itti dahuumsa dhaaban dabalatee
 - dulluma

Gareen ogeeyyii fayyaa sammuu waldhaansawwan dhuunfafi gareen kennaman gosa heddu dhiyeessa.

Tajaajilliwwan saayikaatariifi xiinsamuu deddeebi'anii yaalamau walumaa galatti kan kennamu Kilinikoota Ulfaafi Fayyaa Dubartootaa keessatti kennama. Beellamni teleheelzis jira.



Deeggarsa haleellaa maatii



Hojjattooni haleellaa maaatiidhaan qaqqabu adda baasuu, deebii kennuufi ittisuu akka danda'an gargaaruf The Women's kutaa (suite) leccaalloowwan, taajajilawwaniifi odeeffannoo qaba.

Isin gargaaruf as jirra. Maaloo, hojjattoota keenya gaafadhaa ykn marsariitii keenya ilaalaa: thewomens.org.au/health-information/violence-against-women

Kunuunsa hafuuraa, bakka taa'umsaafi bakkeewwan sagaleen nama jeequ hin jirre

Women's tti Kunuunsi Hafuuraa bilisaafi bifa icciitinsaa eegameen ni kennama. Kunis dhukkubsattoota, maatiisaaniifi hiriyootasaanii, akkasumas hojjattoota hospitaalichaa hundaaf deeggarsa hamileefi hafuuraa kenna. Bakka bu'oonni aadaa garaa garaa tarii jiraachuu malu. Garee kunuunsa hafuuraa keenya bakka bu'oonni kamtu akka jiran gaafadhaa, sababni isaa yeroo yeroon ni jijjiiramu waan ta'eef.

Karaa ittiin qunnaman

wiixataa hanga Jimaataa 8.30am-4.30pm (Gulantaa giraawundii).

T (03) 8345 3016

Bakka Qulqulluu

Dhukkubsattoonifi maatin iddoo itti kadhahan Bakka Qulqulluu lama amantii garaa garaaf The Women's dhiyeessa. Barreeffamoonni akkasumas barruuwwan qulqulluun kadhannaa yaada galmeessuf gargaaran jiru. Namni shaamaa qabsiisuu ykn ixaana aarsuu barbaadu yoo jiraate miseensi garee kunuunsa hafuuraa gargaarsa ni kenna. Maatifi hojjattoota walitti dhufuu barbaadaniif sagantaawwan yaadannoo ni qindaa'a. Hojiiwwan torbanii ilaaluf gabatee beeksisaa seensa koridaraa (gulantaa giraawundii)tti argamu ilaalaa.

Iddoowwan taa'umsaa

Naannoo bakka banaafi seensa guddaa (gulantaa giraawundii)tti iddoowwan taa'umsaa mijatoo ta'an heddu ni dhiyeessina.



Kutaalee harma itti hoosisan

The Women's hospitaala daa'immaniif mijatuudha, akkasumas bakka kamittuu, yeroo mijataa ta'e kamittuu harma hoosisuu ni jajjabeessina. Namoota dhukkubsattoota gaafachuu dhufaniifi dhukkubsattootaf Kilinikoota Ulfaatti dhiyootti kan argami (Gulantaa 1) kutaalee harma itti hoosisan jiru.

Iddoo biqiltuu hospitaalaa

Namoota dhukkubsattoota gaafachuu dhufaniifi dhukkubsattootaf iddoo biqiltuu (garden courtyard) qabna. Kuni waardifi narsarii (Gulantaa 4) irraa achi baatanii qilleensa qulqulluu akka fudhattaniif isin gargaara.



Giddu Gala Simannaa Women's

HELLO

Giduu Galli Simannaa daa'ima keessan sooruf, bilbila guuttachuuf, laabrarii keenyatti makamuu, ykn odeeffannaa fayyaa dubartootaa argachuuf bakka hawwataafi mijataadha. Gareen Giddu Gala Simannaa dhukkubsattoonni maatiifi namoonni dhukkubsattoota gaafachuu dhufan hospitaala keenyafi tajaajila isaa akka argataniif isaan gargaaru.

Gareen Giddu Gala Simanna kan inni godhu:

- dhimmoota fayyaa dubartootaa irratti odeeffannoo afaan Ingiliffaafi afaanota biroom akka argattam isin gargaara
- Namoonni gara hospitaalichaa dhufan laayibrarii keenya addaa akka fayyadaman deeggara Barbaadudhaan kitaaba ykn DVD ergifachuu ykn biroosharii fudhachuu dandeessu
- Barnoota Dahuumsaa fi sa'aatiihospitaalaa beellama qabachuu irratti isin gargaara.



Karaa ittiin qunnaman

Wiixxataa hanga Jimaataa

9.00am–5.00pm (Gulantaa giraawundii)

T (03) 8345 3037 or 1800 442 007 (rural callers)

Kunuunsa Daa'ima fi Giddu Gala Barnoota Ijoollee Umurii Xiiqqaa

Daa'imman dhukkubsattoota Women's tti beellama hordofanii torban 6 hanga waggaa 6 jiraniif darbee darbee walधाansi jira. Iddoon muraasa waan ta'eef dursanii qabachuun ni gorfama.

Kunuunsa Daa'ima fi Giddu Gala Barnoota Ijoollee Umurii Xiiqqaa naannoo daa'immaniif mijataa ta'ee nageenya, fayyaafi tasgabii daa'immanii eeguf kan onnateedha.

Karaa ittiin qunnaman

Wiixxataa hanga Jimaataa

9.00am–5.00pm (Gulantaa giraawundii)

T (03) 8345 2099

E [Childcare.Centre@](mailto:Childcare.Centre@thewomens.org.au)

thewomens.org.au



Lafarraa Iddoo nyaatafi wantoota garaa garaa itti gurguramu



Naannoo kanatti suuqiwaniifi tajaajilawwan garaa garaa argattu. Kunneenis:

- Poostaa Awustiraaliyaa
- Mana qorichaa: qorichootafi kennaawwan
- Kaaffeewwan: Zouki cafeteria fi Isabella Café
- Suuqii gudaa mijataa: Gaazexaawwan, bareruulee. kennaawwan, nyaata kashataafi karameellaa/chokoleetii
- Nama abaaboo gurguru
- Sanduuqa Chokoleetii
- Bakka deeskii tola ooltotaatti darbee darbee kennaawwan ni gurguramu

Wiirtuu Fayyaa

Wiirtuun Fayyaa fayyadamuuf salphaa kan ta'eefi pilaatfoormii nama walitti fidu ta'ee bilbila, taableetii ykn kompiitara keessan irraa argachuu dandeesu.

Dhukkubsattoonni wantoota armaan gadii akka godhan gargaara:

- beellamawwan gara fuulduraa agarsiisa
- beellama jijjiiruu ykn haquu (haalota muraasa osoo hin dabalatin)
- waa'ee daawwannaa dhiyeenya gaggeeffamee odeeffannoo ilaaluu
- bu'aa qorannoo ilaaluu (yeroo heddu guyyaa 4 keessatti ni mul'ata)
- qorichoota ajajaman ilaaluu fi ajaja qorichaa dabalataa gaafachuuf
- waa'ee garee waldhaansa fayyaa keessanii ilaaluuf
- nama bakkasaanii bu'ee Wiirtuu Fayyaa argachuu (access) danda'u tokko bakka busaa

Hospitaalota naannoo Peter

MacCallum Cancer

Centre, The Royal

Melbourne Hospital

ykn The Royal Children's

Hospital – kanneenitti waldhaansa

argataa jirtu yoo ta'e, odeeffannoo


(details) sana arguu dandeesu.

Appilikeweshinii Wiirtuu Fayyaa App Store fi Google Play irraa buufachuu dandeessu.

Odeeffannoo dabalataaf

health-hub.org.au

daawwadhaa ykn QR koodii kana iskaan godhaa.





Turtii keessan



Interpreter

Nama afaan hiiku barbaaddu?

Afaan jalqabaa keessan Ingiliffa yoo hin taaneefi garee ogeeyyii fayyaa keessaniitti dubbachuuf deeggarsa barbaaddu yoo ta'e, namoota afaan hiikun isin gargaaran qabna.

Yeroo turtii hospitaalaa keessan qindeeffattan, tajaajila hiika afaanii Auslan dabalatee, nama afaan isiniif hiiku gaafadhaa.

Nama afaan hiiku barbaaddu yoo ta'a, narsii ykn ogeettii fayyaa dahuumsaa keessan gaafadhaa.

Meeshaalee dhuungaa



Maallaqa xiqqoo harkatti hambifattanii meeshaalen gati qabeeyyin kan agara manaatti akka ergaman gorsina. Kuni hin danda'amu yoo ta'e, yeroo hundumaa meeshaalee qaalii ta'an kutaa keessan keessatti itti qollofuun of biratti eegaa.

Yeroo turtii keessanii itti fayyadamuuf meeshaalee elektirikaa fiddaniittu yoo ta'e, narsiin ykn ogeetti fayyaa dahuumsaa beeksisaa.

Sa'aatii itti dhukkubsataa gaafatan



Namoota Women's tti dhukkubsataa gaafachuu dhufan ni simanna. Wantoota dhorkaman adda baasuf marsariitii keenya ilaalaa.

- Sa'aatii itti dhukkubsataa gaafatan (waliigala): 2.30pm-8.00pm
- Saa'aatii itti dhukkubsataa gaafatan jaalalleewwaniif: 8.00am-8.30pm

Haala mijataa, fayyaa, fi nageenya dhukkubsattoota keenyaf jecha, namoonni dhukkasataa gaachuu dhuftan sa'aatii itti dhukkubsataa gaafatan akka kabajjan isin gaafanna. Maatin, hiriyoonna, ykn namoonni isin kunuunsan yoo dhukkubsatan, hanga guutummaan fayyanitti dhufanii akka isin hin gaafanne itti himaa.

Haalota addaa ta'an keessatti narsii itti gaafatamtuu taate waliin mariyachuun sa'aatii itti dhukkubsataa gaafatan kan biraa mijachuu danda'a.

Yuunitii Inteesiv Keerii Daa'ima Reefu Dhalatanii (NICU)

- Sa'aatii itti dhukkubsataa gaafatan (waliigala): 2.30pm-8.00pm
- Sa'aatii itti dhukkubsataa gaafatan maatiidhaaf daangeffamaa miti.

Si'a tokkotti nama sadi caala (maatii daa'imaa dabalatee) daa'ima cinaa akka hin jiraanne gaafanna. Akkaataa fedhii maatii daa'imaa irratti hundaa'un maatinifi hiriyoonna (ijoollee dabalatee) daa'imman kutaa inteensiivii ykn waldhaansa addaa keessa jiran ilaaluu danda'u.

Bakka maatin hin jirretti gaafachuuf miseensonni maatii ykn hiriyoonna hayyama barreeffamaan isaan barbaachisa.

Mana fincaanii namoota dhukkubsattoota gaafataniif

Manni fincaanii namoota dhukkubsattoota gaafatanii darbi hundarra liiftii cinaa ykn deeskii reseepshinii isa guddaatti dhiyootti argama.



Nyaata

Nyaanni dhukkubsataaf sa'aatii mijataa armaan gadiitin dhiyaata:

- Ciree: 8.00am
- Laaqana: 12.30pm
- Irbaata: 6.00pm



Fedhii nyaata keessaniif kan ta'u akka guuttaniif guyyaa guyyaan meenun isiniif kennama.

Alarjii yoo qabaattan ykn nyaanni addatti isiniif qophaa'u yoo jiraate maaloo narsii ykn hojjattoota nyaataa beeksisaa.


Sanduuqa siree cinaa

Sanduuqi siree cinaa keessan batanii tuquudhan narsii ykn ogeettii dahuumsaa ittiin waamtan qaba, ibsaa banuun TV to'adhaa. Akkasumas ispiikarii TV fi reediyoo qaba.

Narsiin ykn ogeettin dahuumsaa akkamitti akka itti fayyadamtan akkasumas meeshaalee biroo kutaa keessana keessa jiran akkamitti akka itti fayyadamtan isinitti agarsiisu.

Yeroo TV ilaaltan ykn reediyoo dhaggeeffattan dhukkubsattoota biroo naannoo keessan jiran akka hin jeeqne yaada keessa galchaa.

Mala ittiin narsii/ogeettii dahuumsaa waaman



Waraabbii sagaleefi viidiyoo



Yeroo sirriifi mijataa ta'etti hospitaalicha waraabuu ni dandeessu. Haa ta'u garuu, yeroon itti suura kaasun, viidiyoo waraabun waldhaansa keessan miidhu, icciitii dhukkubsattoota biroo sarbu, ykn icciitii hojjattoota keenyaa sarbu ni jiraata.

Hanga miseensa hojjataa hospitaalichaa ykn dhukkubsattoota biroo ykn nama dhukkubsataa gaafachuu dhufe suura hin kaasnetti, viidiyoo ykn sagaleen hin waraabnetti hospitaalicha keessatti suura of kaasuu, viidiyoo ykn sagalee of waraabuuf hayyama gaafachuun isin hin barbaachisu.

Kunis sagalee ykn suura nama naannoo jiru kamiyyuu fudhachuu of-keessatti hammata.

Hayyama hojjattoota waldhaansa kilinikaa hunda yoo argattan, waldhaansa kilinikaa kanneen akka yeroo daa'imni dhalattuu fa'aa suura kaasuu, viidiyoo ykn sagalee waraabuu ni dandeessu. Yoo akka dhaabdan gaafataman, suura kaasuu, viidiyoo ykn sagalee waraabuu dhaabuu qabdu.

Hayyaman isaanii malee qabiyyee hojjattoota Women's agarsiisu kamiyyuu onlaayinii ykn miidiuaa hawaasaa (Facebook, Instagram, Twitter, kkf) irratti hin maxxansinaa.

Yoom suura kaasuu, viidiyoo ykn sagalee waraabun akka danda'amu hin beektan yoo ta'e hojjattoota gaafadhaa.

Bilbila



Namoonni alaa lakkoofsa ittiin dhukkubsataa gaafatan (03) 8345 3030 irratti bilbila siree cinaatti bilbiluu danda'u. Dhukkubsataa dubbisuu akka barbaadan oppireetara gaafachuun maqaa keessan kennuufii danda'u. Sana booda oppireetarri bilbila gara keessanitti dabarsiti.

Yeroo hospitaala keessa jirtan bilbila keessan fayyadamuu dandeessu, garuu meeshaa meedikaalaa irraa meetira tokko fagaachuu hin dagatinaa. Yeroo bilbila ykn taableetii fayyadamtan, dhukkubsattoota biroos yaada keessa galchaa.

Gulantaa giraawundii irratti kan argamu Giddu Gala Simannaa Women's keessa bakki bilbila bilisaan itti guuttattan jira. Gulantaa giraawundii irratti bilbilli kaffaltiin bilbilami (payphone) jira.

Sa'aatii itti hospitaalaa bahan



Guyyaa guyyaadhan sa'aatin hospitaalaa bahan lamatu jira"

- Waldhaansa xumuruun ganama gara manaatti galuu:: 9.30am
- Waaree booda bahuu 3.30pm



Waldhaansa keessan



Eenyu akka taatan maalif adda baafna?

The Women's nageenyummaa keessan eegsisuuf kutannoo qaba. Kana ilaalchisee deeggarsa kennuuf, isin ykn daa'imni keessan nagaafi waldhaansa malu argachuu mirkaneessuf eenyummaa keessan mirkaneeffachuu barbaanna. Kana gochuuf yeroo turtii keessan eenyummaa keessan si'a heddu ni ilaalla.

Yeroo kana hunda:

- maqaa guutuu
- teessoo
- guyyaa dhalootaa keessan ykn kan daa'imaan ni ilaalla.

Sana booda kanneen:

- galmee fayyaa
- baandii eenyummaa dhukkubsataa ibsu (baandii harkarratti hidhamu) keessan wajjin wal-bira qabnee ilaalla.

Waanta gochuu dandeessan

- Maqaan, teesson, ykn guyyaa dhalootaa keessan ykn kan daa'ima keessanii sirrii miti yoo ta'e, ykn jijjiirame nu beeksisaa.
- Waanti ta'e tokko sirrii ta'ee isinitti hin mul'anne yoo ta'e ykn waan sirrii hin taane yoo dhageessan, narsii keessanitti himuun nu beeksisaa.

Malli galmee meedikaalaa keenya maqaa, saala filattan ykn jaalattan galmee meedikaalaa keessanitti akka dabaltan kan isiniif hayyamuudha. Erga mala galmee meedikaalatti dabalamee booda, yeroo dhukkubsataa taatanii turtan keessatti gareen waldhaansaa keessan maqaa filattan sana fayyadamu.

Yeroo tokko tokko maqaa keessan seera qabaeessa (maqaa sanada eenyummaa keessan ibsu) fayyadamuu dandeenya. Fakkeenyaaf, dhukkubsataa nageenyasaanif adda baasuf maqaa seera qabeessa fayyadamuu qabna.



Interpreter

Nama afaan hiiku barbaadduu?

Yeroo kamittuu hiika afaanii Auslan dabalatee nama afaan hiiku gaafachuu dandeessu. Akka isiniif mijeessaniif hojjattoota keenya gaafadhaa.

Odeeffannoo fayyaa keessan kennuu



Doktaroota, ogeeyyii dahuumsaa, narsoota, ogeeyyii qorichaam fi ogeeyyii fayyaa kanaan kanaan wal-qabatan dabalatee hojjattoonni garaa garaa yeroo turtii keessan keessatti qooda fudhataniiru. Hojjattoonni kun hundiinuu ragaa keessan ni argu. Hojjataan tokko waa'ee keessan odeeffannoo yoo qoode, odeeffannoo fayyaa kennuu (clinical handover) jedhama.

Yeroo tokko tokko odeeffannoo kenuun siree keessan cinaatti ta'a. Yoo fedhii qabaattan isiniifi jaalalleen keessan afeeramtaniittu. Kuni odeeffannoo adda baasufi waa'ee fayyaa keessanii gaafachuuf carraa gaaridha. Waa'ee fayyaa keessanii siree keessan cinaatti maritamu yoo filattan, hojjattoota beeksisaa.

Odeeffannoon ykn qajeelfamni isiniif hin galle ykn isin burjaajesse ta'e:

- odeffannoon akka isiniif barreeffamu
- yeroo miseensi maatii ykn namni isin kunuunsu isin bira jiru akka irra isinii deebu'amuufi isaanis gaaffii gaafachuu danda'an
- deeggarsa nama afaan hiikuu gaafachuu dandeenya.

Waanti mariyatame kamiyyuu sirrii miti ykn hin hubanne yoo ta'e, nu beeksisuun akka ibsinu nu gaafadhaa.



Waa'ee qorichoota keessanii nutti himaa

Waldhaansa isiniif godhamu keessatti qorichi gahee guddaa qaba. Yeroo hospitaala akka ciistan godhamtan, qoricha akkamii akka fudhattan isin gaafanna. Waa'ee qoricha fudhattanii beekun waa'ee waldhaansa isinii godhamuu murtee sirrii fudhachuuf nu gargaara.

Qoricha hunda tarreessun barbaachisaadha. Kunneen ajaja qorichaa (prescription), qorichoota ajaja doktaraa malee bitaman, vaayitaaminiiwwan, teraappiiwwan uumamaa fa'aa of keessatti hammata. Maal akka fudhattaniiifi kamtu akka isiniif ta'e nutti himaa.

Kanneen armaan gadii fayyadamtu yoo ta'e nutti himaa:

- qorichoota farmaasistii ykn gabaa iraa
- qoricha dhangala'aa kan akka shirooppii qufaa
- teraappiiwwan uumamaa kan akka baala garaa garaafi qoricha walitti makuu (tinctures)
- vaayitaamonoota
- kireemiiwwan qoricha qaban ykn waan maxxanfatu (patches)
- waan hafuufamu ykn gara keessatti fudhatamu
- Meeshaalee qulqullinaa qaama saalaa dubartootaa
- waantoota lilmoon fudhataman
- waan ijatti cophsamu, gurratti cophsamu ykn funyaanitti biifamu
- qorichoota biroo ykn qorichoota sammuu adoochan biroo.

Qorichoota fudhataa jirtaniifi alarjiiwwan yoo qabaattan Wiirtuu Fayyaa fayyadamuunis nutti himuu danseessu. Waa'ee Wiirtuu Fayyaa caalmatti baruuf [fuula 16](#) ilaalaa,

Qorichoota keessan to'achuuf akka gargaaruf:

- Qorichoota keessan hunda hospitaala fidaa koottaa.
- Yeroo hospitaala ciifan, gosa qorichoota fudhatanii adda baasun hojjattootatti agarsiisaa.
- Osoo gara manaa hin deemin dura gosa qorichoota keessan gaafadhaa. Kuni doktarraafi ogeessa qorichaa nannoo keessaniif fayidaa qaba.
- Kanaan dura qoricha yeroo fudhattan alarjii ykn ri'aakshinii cimaan isin mudatee yoo beektan nutti himaa.
- Yeroo hospitaala keessa jirtan qoricha maalii fudhataa akka jirtaniifi maaliif akka fudhattan gaafachuu hin saalfatinaa.

Ogeeyyin qorichaa hospitaalichaa keessan yeroo yeroodhan chaartii qoricha keessanii ni ilaalaalu, akkasumas qorichoonni ajajaman sirriifi rakkoo kan hin finne ta'uu mirkaneessuf doktaroota waliin hojjatu. Hospitaalaa yoo baafamtaniifi qorichi isin barbaachise, waa'ee tokkoon tokkoo qorichaa odeeffannoon isiniif kennama.

Maaloo kaardii Medicare keessan kan ammaa, dabalatee kaardiiwwan doggomaa (concession cards) biroo hojjattootatti agarsiisaa, fkn Caardii soormaa ykn Kaardii Waldhaasa Fayyaa, (Kaardii DVA, Kaardii galmees Safety Net faarmaasii nannoo irraa agarsiisaa.



Faarmaasii (Gulantaa 1):

Wiixataa hanga Jimaataa: 8.30am–5.00pm

Sambata: 8.30am–1.00pm

Qorichoota fudhattanii manatti galan kamiifuu kaffaluu qabdu, Kuni Biiroo Qabduu Maallaqaatti (Gulantaa giraawundii)tti kaffalamuu danda'a.



Infeekshinii ittisuu

Dhukkubsataan waldhaansa fayyaa fudhataa jiru karaa waldhaansa baqaqasaniid hodhuu (invasive procedures) ykn sababa dhukkubsa isaanitiin infeekshiniin qabamuudhaf saaxilamoodha. Hojjattoonni hospitaala keenyaa kana hir'isuuf tarsiimoo fayyadamuuf kan leenji'aniidha.

Hospitaala keessatti infeekshinii ittisuuf dhukkubsattoonnifi nammoonni dhukkubsattoota gaafatan infeekshinii ittisuu keessatti gahee qabu.

Karaan baay'ee sirriin ittiin infeekshinii ittisan harka qulqulleeffachuuni. Harki keessan qulqulluu yoo fakkaateyyuu, yeroo hospitaala keessa jirtan waan alkoolii qabu (jeelii harkaa) fayyadamuu qabdu. Harki keessan xuraa'aa yoo fakkaate, bishaanifi saamunaadhan dhiqadhaa.

Yeroo hundumaa:

- mana fincaanii booda
- nyaata osoo hin tuqin ykn hin nyaatin dura
- osoo hin haxxiffatin, hin qufa'in ykn sooftii hin gatin dura
- ija, funyaanifi afaan keessan osoo hin qabatin dura
- uffata osoo hin tuqiniifi erga tuqxanii booda yeroo hundumaa harka keessan qulqulleessaa.

Nama hundumaa eeguf, namoonni dhukkubsattoota gaafatan ykn kunuunsa kennan:

- yoo miirri dhukkubbii itti dhagahame, utaallpp, qorra, waa qaamasaanitti yoo yaa'e, yoo ol isaan deebise ykn garaa kaasaa qabaatandhukkubsataa gaafachuu hin qaban



- yeroo jalqabaaf yeroo dhufan, naannoo dhukkubsattoonni jiran yeroo seenanifi yeroo bahan waan alkoolii qabuun harkasaanii sukkuumuu qabu
- qajeelfama addaa isaanirraa eegamu hordofuu qabu. Yeroo tokko tokko namoonni dhukkubsattoota gaafachuu dhufan maaskii ykn gaawonii akka godhatan gaafatamuu malu. Kunis isin ykn isaan
- wayyaa keessan, dhangala'aam ykn meeshaalee biroo naannoo siree keessan jiranakka hin tuqne tiksudhafi.

Isin ykn namni isin jaalattan dhangala'aa yk copha wayii qabaate, kanneen isin waldhaanan maalif akka barbaachisan, infeekshinii ittisuuf of-eeggannoo dabalataa barbaachisuu, fi dhangalaa'an kun yoom akka kaafamu isiniif ibsu. Odeeffannoonn waa'ee madaa waldhaanus isiniif kennama.

Hojjattooni keenya "Harka kee qulqulleeffatteetaa" gaaffii jedhu gaafatamuu ni jaalatu.



Arjoomaa dhiigaa yoo barbaaddan

Arjooma dhiigaa jechuun dhiiga nama tokko keessaa nama biraatti dabarsuu jechuudha. Sababa haala keessanii ykn waldhaansa fudhataa jirtaniitin darbee darbee dhiiga fudhachuun isin barbaachisuu mala.

Osoo dhiiga fudhachuuf walii hin galin dura, maalif akka isiniif barbaachise, fayidaafi miidhaa inni qabu gaafadhaa. Dhiiga fudhachuun maalif akka barbaachisaa ta'e hin hubanne yoo ta'e, gaaffilee ykn odeeffannoo dabalataa gaafachuuf hin sodaatinaa.

Dhiyeessin dhiigaa Awustiraaliyaa baay'ee naga qabeessa. Dhiigni arjoomame hunduu dhibeewwan dhiigan daddarban kanneen akka HIV, dhibee tiruu, fi cophxoo qabaachufi dhiisuu qorannoon gaggeeffameera. Dhiiga fudhatamurraa dibeewwan akkanaatin qabamuuf carraan jiru baay'ee gadi aanadha.

Namoonni dhiiga arjoomame fudhatan hedduun rakkoo fayyaa homaattuu isaan hin mudatu, ri'aakshiniin jiraatus yeroo baay'ee giddu galeessa.

Ri'aakshiniin dhiiga fudhachuu booda nama mudatan:

- qaama guubaa
- dhagni horbobbaa'uu
- hooksisuu

baay'ee xiqqaa kan ta'e, garuu ri'aakshiniin lubbuuf yaadessaa ta'e jiraachuu mala. Kanaan dura ri'aakshinii dhiiga fudhachuu isin mudatee yoo ture doktara keessanitti himuu hin dagatinaa.

Hanga danda'ametti rakkoo tokko malee dhiiga akka fudhattan mirkaneessuf adeemsi ogeeyyin fayyaa hordofan jira. Kuni eenyummaa keessan mirkaneessuu dabalata.

Yeroo hundumaa maqaa keessan, guyyaa dhalootaa ni gaafatamtu, baandin eenyummaa keessan ibsu yeroo yeroon ni ilaalama.

- Osoo dhiigi isinii hin kennamin dura
- sumudi dhiiga keessanii ni fudhatama.

Dhukkubarraa bayyanachuu

Waldhaansa baqaqsanii yaaluu booda ykn dahuumsi dhukkubbiin baay'ee akka namatti dhagahamu yaadu turan. Mala dhukkubbiirraa bayyanachiisuu haaraa jiruun, dhukkubarraa bayyanachuu gaarin:

- yeroo fayyitan miira gaarin akka isinitti dhagahamu
- daftanii bayyanachuu fi inumaayyuu daftanii hospitaalaa bahuuf isin gargaara.

Dhukkubbii keessan sirriitti to'achuun nuuf barbaachisaadha.

Eenyutu keessatti hirmaata?

Dhukkubbii keessan to'achuuf ogeeyyin fayyaa garaa garaa isin waliin hojjachuu malu. Isanis narsoota, ogeeyyii dahuumsaa, doktoroota, ogeeyyii qorichaafi fiiziyooteraappistiwwan fa'aadha.

Akkasumas The Women's Tajajila Dhukkubbii Cima To'achuu (APS) garee narsootaa, ogeeyyii dahuumsaa, ogeeyyii anesteezhiyaa dhukkubbii cimaa to'achuudhan beekumsaafi muuxannoo gaarii qabaniin deeggarame ni dhiyeessa.

Dhukkubbii keessan to'achuu keessatti isinis gahee qabdu. Waan isinitti dhagahamu isin qofaatu beeka waan ta'eef qorichoota dhukkubbii xiqqeessan dabalataa yoo isin barbaachise isintu murteessa.

Yeroo dhukkubbiin isinitti dhagahamu narsiin, ogeettin dahuumsaa ykn doktarri akka baran itti himuun maaltu akka dhukkubbii sanaaf sababa ta'e akka adda baasaniifi mala sirrii dhukkubbii hir'isu ykk waldhaansa barbaachisaa akka kennan isan gargaara.

Hammam dhukkuba?

Dhukkubbiin keessan hangam akka ta'e tilmaamuf ykn ibsuuf maloonni gargaaran hedduu jiru:

- **dhukkubbii** keessan 1 hanga 10 tti madaaluu. Dhukkubbiin homaatuu akka hin jirre kan agarsiisu 0 yoo ta'u, dhukkubbii baay'ee hamaan 10.
- dhukkubbii keessan **dhukkubbin hin jiru, dhukkubbii giddu galeessa, dhukkubbii hamma tokko, dhukkubbii baay'ee cimaa** jechuun sadarkaa kaa'aa
- **gosa** dhukkubbii isinitti dhagahamuu ibsaa. Jechoonni tokko tokko ittiin dhukkubbii ibsan waraansa cimaa, hoo'aa, nama idda, namatti duula, dhukkubbii hamaa, gubaa, waraansa, nama nyaachuu, akka eeboo waraana, waraanuu, dhukkubbii, yeroo eeggatee kan dhukkubu fa'aa of keessatti qabata.

Erga qoricha dhukkubbii fooyyeessu fudhattanii booda dhukkubichi isin dhiisuu yoo dide, narsii, ogeettii dahuumsaa ykn doktaratti himuun gaaridha. Guyyaatti yeroo garaa garaatti qoricha dhukkubbii fooyyessu akka fudhattaniif qorichi dabalataa isin barbaachisuu dandaa, fakkeenyaaf, yeroo qaama dhiqattan ykn shaalala fiiziyoo teraappii hojjattan.



Qorichoota dhukkubbii xiqqeessan isiniif ajajame osoo qabdanuu ammayyuu yoo isinitti cime, doktara keessan ilaaluf gaafadhaa. Erga doktara bira deemtaniis ammayyuu dhukkubbiin isin hin dhiisne yoo ta'e, APS keessa nama tokko arguuf gaafachuu dandeessu.



Kufuu ittisuu

Akka dhukkubsataatti carraa kufuu bal'aa qabdu. Kan kufuu dandeessan yeroo:

- dhukkubbiin isinitti dhagahamu
- dhiibbaa dhiigaa xiqqaa qabaattan
- qorichoota tokko tokko fudhattan
- ulfaa
- deessan
- anesteetikii walii galaa, dugdaa ykn sipaayinaalii fudhattan
- oppireeshinii taatan
- yeroo dheeraf sireerra turtan
- bakka kana dura hin beekne yoo turtan
- agartuun keessaa baay'ee hin agarre.

Karaalen ittiin kufaatii hambisan hedduu jiru:

- Yeroo hundumaa kophee faannisaa jabaa, diriiraa, kan hin mucucaanne ykn silipparii hin taane godhadhaa (kaalsii ykn taayitiidhan hin adeeminaa).
- Kishaafa ijaafi meeshaalee deemsaf isin gargaaran hospitaala fidaa koottaa.
- Daandii keesan irra waa lafa yoo jiraate ykn yoo waan dhangala'e hojjattoota beekisaa.
- Batanii ittiin bilbiltan hiixattanii qaqqabuu danda'uu keessan mirkaneessaa.
- Halkan osoo sireerraa hin ka'in dura ibsaa banaa.
- Siree ykn teessuma irraa ka'uuf suuta jedhaa.

Odeeffannoon armaan gadii addumatti dhukkubsattoota dhiyeenya dahan, anesteetikii dugdaa ykn ispaayinaalii qaban, yeroo dheeraa siree irratti dabarsan, ykn dhiigi baay'ee dhaban.

- Osoo sireerraa hin ka'in dura narsii ykn ogeettii dahuumsaa dubbisaa.
- Yeroo siree irraa kaatan akka isin gargaaraniif hojjattoota gaafadhaa.
- Yeroo qaama dhiqattan teessuma shaaworii fayyadamaa.
- Anesteetikii dugdaa ykn ispaayinaalii booda, osoo dhaabbachuu ykn deemuu hin yaalin dura hanga miilli keessan jabaachunsaa isinitti dhagahamutti eegaa.
- Mogoleen isin kirkira yoo ta'e hojjattoota beeksisaa.

Daa'imni keessan akka hin kufne akkaataa ittiin ittisan:

- Daa'ima keessan yeroo raffifan siree keessan cinaa siree daa'imaa keessa dugdaan ciibisaa.
- Daa'imni keessan yeroo sireerra ykn minjaala irratti wayyaa jijjiiraniif irra jiran biraa hin deeminaa.
- Yoo hirribni isin qabe ykn qoricha cimaa dhukkubbiirraa isin bayyanachiisu fudhattan daa'ima keessan siree daa'imaa keessa ciibisaa. Daa'ima hammattanii yoo hirribni isin qabe, daa'imni kaasuu keessan keessaa kufuu dandeessi.



Isin ykn daa'imni keessan fayyummaan isinitti hin dhagahamuu?

Yoo miirii dhukkubbii isinitti dhagahame ykn daa'ima keessan akka dhukkubu yoo agartan, hatattamaan hojjattoota keessaa nama tokkotti himaa ykn bilbila narsii/ogeettii dahuumsaa bilbilaa.

Ammayyuu deebii homaa hin arganne yoo ta'eefi dhukkubbiin isinitti dhagahame ykn waa'ee fayyaa keessanii ykn kan daa'ima keessanii yoo yaaddoftan, bilbila siree keessan cinaa jiru fayyadamuun 2999tti bilbilaa.

Hojjataa olaanan dhufee isin ilaala.

Nama dhukkubsataa gaafachuu dhufe yoo taataniifi fayyaan dhukkubsataa hammaataa deemu yoo agartan - maaloo hojjattootatti himaa.



Daa'imni keessan wantoota armaan gadii yoo ta'e, hatattamaan narsii, ogeettii dahuumsaa, ykn doktoratti himaa:

- hafuura baasuu yoo dhaabde ykn bifti cuquliisatti jijjiirame,
- hollachiisuu/kirkiruu yoo qabaate
- dammaquu yoo dide
- sagalee guddaaf, ifti cimaan yoo ijatti ibsame harkarra sirriitti qimmiidamee deebii himaa hin laanne.

Daa'imni keessan wantoota armaan gadii yoo ta'e, hatattamaan narsii, ogeettii dahuumsaa, ykn doktoratti himaa:

- Erga dhalatee **24 jalqaba** keessatti;
 - sa'aatii 6 ol harma homaa hin hoone yoo ta'e
 - daayipparii jiidhaa fi/ykn xuraa'aa hin qabu yoo ta'e
 - gogaa keelloo fakkaatu yoo qabaate

Akkasumas daa'imni keessan kanneen armaan gadii yoo ta'e iisaanitti himuu qabdu:

- **sochiin harkaa**, ijaa, miillaa, fi sochiin qaamaa kan hin tasgabboofne ykn sochii sirnaa hin taane yoo ta'e
- **qaamni**, mataan, mormi, harkii fi miilli kan rarra'e yoo ta'e
- **hargansuu** saffisaa, fi sagalee aaduu yoo dhageessisan
- **boo'ichi** baramaa yoo hin taane (dadhabaa, sagalee garmalee ol ka'u, aaduu, boo'icha dhukkubbii cimaa qabu)
- **bobbaan** (bobbaa/udaan) dhiiga yoo qabaate
- **gogaan** baay'ee yoo diimate ykn gara keellotti yoo jijjiirame
- **Garaachi** (stomach) ykn lapheensaanii gajjallaan yeroo hafuura baafatan keessatti maxxana ta'e
- **oldeebisuu** qulqulluu miti yoo ta'e, bifa aannanii miti yoo ta'e, ykn halluu loomii yoo qabaate ykn baay'ee ol deebisa yoo ta'e

ykn keessi keessan rakkoo wayii jira jedhee yoo isinitti hime.



Yoo yaaddoftan, nutis ni yaaddofna



Narsii/ogeettii
dahuumsaatti
bilbiluu
(magariisa)

**Batanii bilbilaa
tuqaa**

YKN



**Miseensa
hojjattootatti
dubbadhaa**

Ammayyuu yoo yaaddoftan

**2999 tti
bilbilaa**



Miidhamawwan dhiibbaa

Sa'aatii dheeradhaaf yoo teessan ykn kallattiidhuma tokkoon yoo raftan, miidhan dhiibbaa, akkasumas gogaan madaa'uu ykn alsarii jedhamuun bekamu uumuu danda'a.

Miidhamawwan dhiibbaa qaama keessan kamirrattuu mul'achuu danda'u, garuummoo bakka lafee ta'etti baay'inaan mudata; fakkeenyaaf: Mallattooleen jalqabaa gogaan madaa'uu ykn miidhaa dhiibbaa kanneen armaan



Diyaagiraamii Komishinii Gahuumsa Kilinikaa, Isteeta New South Wales
Miidhama Dhiibbaa Ittisuu

gadiiti:

- hooqsisuu fi/ykn cicciniinuu
- dhukkubbii

Mallattoolen kun yoo isin irratti mul'atan maaloo narsii beeksisaa.

Miidhaa dhiibbaa maal gochuu akka dandeessan

- Socha'aa, socho'aa, socho'aa
 - Sireerra ciistu yoo ta'e ykn teessumarra teessu yoo ta'e, yeroo yeroon kallattii taa'umsaa ykn ciisichaa jijjiirun mala filatamaa miidhaa dhiibbaa hiri'isuudha,
 - Yoo baay'ee madooftan ykn ofiin socho'uu hin dandeessan yoo ta'e, hojjattoota beeksisaa,
 - Dhiibbaa hir'isuudhaf meeshaalen addaa kanneen akka boraatii qilleensaa (air mattresses), kushiniwwan fi kophee lallaafaa fa'aan fayidaarra ooluu danda'u.
- Gogaa keessan ilaalaa
 - Gogaafi sireen keessan gogaa akka ta'u godhaa. Huccuun ykn afati keessan sameera yoo ta'e hojjattoota beeksisaa.
 - Saamunaa fayyadamuun gogaa goge jiisaa.
- Nyaata fayyaalessaafi qabiyyee garaa garaa qabu nyaadha.

Dursanii waldhaansaf karoorsuu

Baay'ee yoo isin dhukkube, waldhaansa keessan irratti waan barbaaddan namootatti himachuu hin dandeenye yoo ta'e, eenyu bakka keessan bu'ee akka isinii dubbatu barbaaddu? Murteewwan waldhaansa fayyaa kam fa'aa akka isinii murteessan barbaaddu?

Dursitanii karoora ykn qajeelfama waldhaansa fayyaa keessan keessatti maal akka barbaaddan dursitanii yoo barreessitan, maaltu akka isiniif barbaachisaa ta'e namoonni akka hubataniif gargaara.

Waa'eee dursanii waldhaansaf karoorsuu odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan, hojjattoota keenya gaafadhaa. Qajeelfama Dursanii Waldhaansaf Karoorsuu lafaa qabdu yoo ta'e, hojjattoota keenya beeksisuun, garagalchasa nuuf kennaa.



Mirga eegumsa fayyaa koo

Kun **Chaartara Mirgoota Eegumsa Fayyaa Australia (Australian Charter of Healthcare Rights)** maxxansa lammaffaa ti.

Mirgoonni kun namoota hunda kan ilaallatu bakka kunuunsi fayyaa Australia keessatti kennamu hunda.

Chaartarichi yeroo kunuunsa fayyaa argattu ati, ykn namni ati kunuunsitu maal eeguu akka dandeessu ibsa.

Mirga ani ka qabu:

Argachuuf

- Tajaajila eegumsa fayyaa fi wal'aansa fedhii koo guutu

Nageenyaaf

- Kunuunsa fayyaa nageenya qabuu fi qulqullina olaanaa qabu kan sadarkaa biyyaalessaa guutuu ta'e argachuu
- Naannoo nageenyi natti dhaga'amu keessatti kunuunfamuu

Kabajamuf

- Akka nama dhuunfaatti, akkasumas ulfina fi kabajaan ilaalamuu
- Aadaa, eenyummaan, amantaa fi filannoo koo beekamtii akka argatu fi kabajamaa akka ta'uu

Shariikummaaf

- Gaaffii gaafachuu fi waliin dubbannaa ifaa fi amanamaa ta'e keessatti hirmaachuu
- Murtoo ogeessa fayyaa koo waliin murteessuu, hamman filadhee fi danda'etti
- Namoota ani barbaadu karooraa fi murtee kennuu keessatti hammachuu

Odeeffannoo

- Odeeffannoo ifa ta'e waa'ee haala koo, faayidaa fi balaa ta'uu danda'u qorannoo fi wal'aansa adda addaa, hayyama koo kan odeeffannoo irratt irkatee kennuu akka ani danda'u
- Waa'ee tajaajilaa, darabee hangam akka eegsisuu fi baasii maallaqaa odeeffannoo argachu
- Yeroo ana barbaachisutti, odeeffannoo fayyaa akkan hubachuu fi itti fayyadamuuf na gargaaruuf gargaarsi naaf taasisamuu
- Odeeffannoo fayyaa koo argachuuf gaafachuuf
- Yeroo kunuunsa fayyaa koootti wanti tokko yoo dogoggora ta'e, akkamitti akka ta'e, akkamitti na miidhuu akka danda'uu fi kunuunsa nageenyaaf maaltu akka hojjetamaa jiru anatti himamuu

Iccitiif

- Iccitii dhuunfaa koo kabajamuu
- Odeeffannoon waa'ee koo fi fayyaa koo hayyisa fi iccitii ta'ee akka eegamu

Yaada kennuuf

- Akkaataa naaf yaalamuu irratti dhiibbaa utuu hin geessisin Yaada kennuu ykn komii dhiyeessu
- Yaaddoo koo karaa iftoominaa fi yeroon akka ilaalamu
- Akaakuu kunuunsaa fi tajaajila fayyaa wayyeessuuf muuxannoo koo qooduu fi keessatti hirmaachuu



ADOOLESSA 2019 MAXXANFANE

AUSTRALIAN COMMISSION ON SAFETY AND QUALITY IN HEALTH CARE

Odeeffannoo dabalataaf miseensa hojjetaa gaafadhaa ykn daawwadhaa safetyandquality.gov.au/your-rights



Mirgoota keessan

Akka dhukkubsataa Women's jiruutti, mirgoota armaan gadii qabdu:

- komii dhiyeessuu
- kabajaafi ulfinaan yaalamuu
- naannoo naga qabeessa ta'etti waldhaansafi kunuunsa argachuu
- icciitii odeeffannoo dhuunfafi fayyaa qabaachuu, seerri odeeffannoon kun akka ifa ta'u yoo hayyame malee
- Waa'ee haala keessa jirtaniifi filannoowwan waldhaansaa gaaffii gaafadhaa ykn filannoo lammataa barbaaduu
- waa'ee waldhaansa ykn kunuunsa keessanii murtee kennamu keessatti hirmaachuu
- waldhaansafi tajaajila diduu
- bakka barbaachisetti nama isin gargaaru qabaachuu
- nama afaan hiiku gaafachuu
- tajaajila safuu aadaa hin cabsine argachuu
- akka dhukkubsataa uummataa ykn dhuunfatti waldhaansa fudhachuu filachuu
- galmee fayyaa ilaalun odeeffannoon dogoggoraa yoo jiraate akka sirratu gaafachuu

Kanneen armaan gadii yaalaa:

- waanta barbaaddan kanneen waldhaansa keessan keessatti hirmaatan hundatti himuu
- rakkoo yoo qabaattan hojjattootatti himuu
- waldhaansa isiniif godhamu hubachuu fi yoo hin hubanne gaaffii gaafachuu
- waa'ee fayyaa keessaniifi waldhaansa amma argataa jirtanii odeeffannoo sirrii hojjattootatti himuu
- haalli keessan yoo jijjiirame hojjattoota hospitaalatti himuu
- hojjattootafi dhukkubsattoota biroo yaada keessa galchuu akkasumas namoonni isin gaafachuu dhufan akkasuma akka godhan itti himuu.

Hubatanii itti walii galuu

Isin ykn daa'imni keessan yeroo waldhaansa fayyaa yoo barbaaddan, itti walii galuu keessan ni gaafatamtu. Unka irratti akka mallatteessitan ykn itti walii galuu keessan afaanin akka ibsitan gaafatamuu dandeessu.

Hubatanii itti walii galuu jechuun yeroo haala keessan hubattaniifi waldhaansa isiniif godhamu hubattan jechuudha.

Osoo itti walii hin galin dura wantoota armaan gadii guutummaan hubachuu keessan mirkaneessaa:

- isin ykn daa'imni keessan waldhaansi baqaqsanii yaaluu (procedure) maalif akka isiniif barbaachise
- maaltu akka godhamu
- waldhaansa ykn waldhaansa baqaqsanii yaaluu rakkoo fidee dhufu, akkasumas waldhaansa fudhachuu dhiisuun rakkoo inni qabu
- filannoowwan jiran.

Yoo isin barbaachise nama afaan hiiku gaafadhaa.

Gaaffii gaafachuuf, filannoo lammataa gaafachuuf akkasumas yoo barbaaddan waldhaansa fudhachuu dhiisuf mirga qabdu.

- Waan gareen ogeeyyii fayyaa keessan isinitti himan homaattuu hin hubattan yoo ta'e, irra deebin akka isinii ibsaniif gaafadhaa.
- Yeroo murteen godhamu namoota biroo mariisisuuf odeeffannoo barreessanii akka isinii kennan gaafadhaa.
- Waan isiniin jedhan deebisaa hojjattootan jedhaa. Kuni gorsa isaanii hubachuu keessan baruuf isaan gargaara.

Waa'ee waldhaansa baqaqsanii yaaluu ykn waldhaansa isini ykn daa'ima keessaniif godhamuu "guutummaan beekun" rakkisaa ta'uu danda'a. Odeeffannoowwan hamma tokko beekun keessan murtee waa'ee waldhaansa keessanii ykn daa'ima keessanii irratti taasifamu keessatti hirmaachuf akkasumas shakkii akka hin qabaanne isin gargaara.



Waan yaaddan nutti himaa

Galata, komiiwwan, duubdeebii, yaada

Waa'ee tajaajila Women's tti isinii kennamee hundumaa ilaalchisee duub-deebii gaaris ta'ee negatiiva nuu kennitan ni simanna. Kunis waldhaansa kenninu qulqullinaafi nageenyasaa akka fooyyessinuuf nu gargaara.

Dhukkubsattoota keenyaf yeroo hunda waldhaansa gaarii ta'e kennuudha kaayyon keenya. Waan kanarraa addaa yoo isin mudate, yaaddoo qabdan ibsuun komii dhiyeessuf mirga qabdu.

Yaaddoo ykn komiin qabdan hamma fedhe guddaa ykn xiqqaa haa ta'utii hojjattoota isin yaalan waliin mariyadhaa.

Yeroo heddu rakkoolen garee ogeeyyii isin yaalanin kan furamaniidha. Yoo hin furamne ta'eefi deeggarsa dabalataa barbaaddu ta'e, isin, jaallalleen keessan ykn namni isin gargaaru garee Laayizanii Fayyadamaa keenya qunnamuu dandeessu.

Hojjataa Laayizanii Fayyadamaa

Yeroo hospitaala keessa jirtan ykn manatti galtan, Hojjataa Laayizanii Fayyadamaa qunnamuu dandeessu. Yaada, galata, komii dhiyeessuu, ykn yaaddoo qabdan ibsuu murteessuf torbanoota ykn ji'oota isinitti fudhachuu mala. Yeroo dhiyeessuu barbaaddan hojjattoonni laayizanii fayyadamaa isin dhagahuuf as jiru.

Karaa ittiin qunnaman

Wiixataa hanga Jimaataa:
9.00am–4.00pm (Gulantaa giraawundii) Guyyaa ayyaana uummataa hin dabalatu

T (03) 8345 2290

ykn (03) 8345 2291

E Consumer.Liaison@thewomens.org.au

Yaada koo ibsuuf garee laayizanii fayyadamaa yoon qunname maaltu uumama?

Hojjataan Laayizanii Fayyadamaa bifa armaan gadiin deeggarsa isiniif gochuu danda'a:

- rakkoowwan tajaajilaa, miseensa hojjattootaa, kunuunsaa, ykn waldhaansaa dabalatee yaaddowwan qabdan icciitin mariyachuu
- yaaddoowwan keessan qorachuu
- rakkoo furuurratti isin gargaaruu

Komii yoo dhiyeessitan wantoota armaan gadii hubachuun barbaachisaadha:

- odeeffannoon (details) galmee meedikaalaa irratti akka hin dabalamu
- kunuunsa ykn waldhaansa keessan irratti dhiibbaa fidu hin qabu
- kanaaf jecha hin qoollifamtan
- dhimmoonni hojjataa dhimmi ilaallatu qofa waliin irratti dubbatama
- akkaatan itti duub-deebin isin kennitan qoratamu jalqaba isin waliin qofa irratti mariyatama.

Ammallee itti hin gammanne yoo ta'e maal gochuun danda'a?

Yeroo heddu rakkooleen yeroo uumamaniifi bakka uumamanitti yoo furaman irra gaarii ta'a. Deebii keenyatti gammadoo miti yoo taatan, Komishinariin Komii Fayyaa ejansii walabaa ta'e Viktooriyaa keessatti komii waa'ee dhiyeessaa tajaajila fayyaa dhaggeeffatu jira.

T 1300 582 113 (kaffaltiirraa bilisaa)

Onlaayinii hcc.vic.gov.au/





Gara manaa deemuu

Osoo hospitaalaa hin bahin dura:

- meeshaalee keessan hunda
- qorichoota keessan hunda
- raajii (X-rays) fi altiraasaawundii fiddanii dhuftan
- beellama keessan itaanu
- waraaqaa ragaa meedikaalaa yoo barbaaddan fudhachuu keessan mirkaneessaa.

Doktara naannotti kennuuf

- xalayaa ciistanii yaalamuu keessan agarsiisu isinii kennina.
- Osoo gara manaa hin deemin dura gosa qorichoota keessan.

Odeeffannoo dabalataa barbaadduu?

Waa'ee haala keessa jirtanii ykn waldhaansa keessanii odeeffannoon isin gargaaru bifa barruun maxxanfame yoo jiraate narsii ykn ogeettii dahuumsaa keessan gaafadhaa.

Marsariitii keenya dhimmoota fayyaa garaa garaa irratti odeeffannoo bal'aa irraa argattan ilaaluus dandeessu.

thewomens.org.au/health-information

Oppireeshinii taatanii yoo turtan

Oppireeshinii guddaa yoo taatan, sa'aatin itti fayyitan namarraa namatti garaa gara. Torban jahaa hanga sadeetii akka fudhatu tilmaamna.

Mallattoolee infeekshinii ilaalaa

Infeekshiniin mudatu xiqqaa ta'us, kanneen armaan gadii mallattoolee infeekshinii ta'uu malu:

- hoo'a ykn tasa dafqisiisuu
- hoo'a olaanaa 38°C ol ta'e
- Dhukkubbii tasa namatti dhagahamu kan qoricha dhukkubbii fooyyeessu an ajaja doktaraa malee bitameen hin wayyoofne.

Mallattoolee kanneen kamiyyuu yoo ofirratti argitan, ykn waa'ee fayyaa keessanii waanti biraa isin yaaddeesse yoo jiraate, doktara naannoo bira deemaa ykn Waldhaansa Hatattamaa Women's koottaa.



Mucaa reefu dhalattu fudhatanii gara manaa deemuu

Waa'ee daa'ima keessanii yoo yaaddoftan ykn daa'imni keessan rakkoo qabdi jettanii yaaddan:

- Sa'aatii 24, guyyaa 7 guutuu 13 22 29 irratti Sarara Fayyaa Haadhooliifi Daa'immaniitti bilbilaa
- 1300 60 60 24 irratti tajaajila bilbila narsii-sa'aatii 24tti bilbilaa.
- Doktara (GP) keessan naannoo bira deemaa
- Kutaa waldhaansa hatattamaa hospitaalaa deemaa.

**Deeggarsa hatattamaaf,
000tti bilbilaa**



Nyaata madaalawaa nyaachun akka daftanii fayyitan isin gargaara

Yeroo waldhaansa baqaqsanii yaaluu irraa bayyanattan ykn yeroo isin dhukkubuufi nyaata sirriitti nyaataa hin jirtan yoo ta'e, keessumaa yeroo ulfaafi harma hoosisuu, nyaata madaalawaa nyaachun barbaachisaadha.

Odeeffannoon kun wantoota armaan gadiif isin gargaara:

- Mallattoolee sirni nyaataa (nutrition) keessan yaaddoo keessa galuu irraa of tiksuu Kunis fedhiin nyaataa gadi bu'uu, nyaata keessanitti gammaduu dhiisuuu, xiqqoo nyaachuu, huccuun isinitti bal'achuu, ykn ulfaatinni keessan hir'achuu ofirratti hubachuu.
- Guyyaatti nyaata gosa garaa garaa nyaadhaa. Foon ykn filannoowwan biroo kannenn akka qurxummii, lukkuu ykn callaa (pulses), nyaata gogaa, midhaan gosa hundaa, fuduraafi kuduraa itti dabalaa.
- Fedhiin nyaataa keessan gadi bu'aa yoo ta'e, guyyaatti si'a heddu xixiqqeessatii nyaadhaa.
- Yeroo hospitaala jirtan nyaati yoo isinii nyaatamuu dide, deeggarsa gaafadhaa. Ogeeyyin nyaataa keenya deeggarsa dabalataa isiniif kennu, akkasumas nyaati yoo isin dide dhiyeessii nyaataa adda ta'e isinii ajajuu danda'u.

- Daa'ima deessan yoo ta'e, nyaati guddina daa'ima keessanii irratti gahee guddaa qaba.



- Akka maatitti sirriitti nyaadhaa. Hanga danda'ametti yeroo heddu maatiin waliin nyaadha, fedhiin nyaatasaanii akka guutamuuuf ijoollee gosa nyaataa qophaa'uu qabu keessatti hirmaachisuun nyaata gosa garaa garaa qopheessaa.

Yeroo hunda salphaa hin ta'u Jireenyi muddamaafi dhiphinaan kan guutame ta'uu mala. Kuni ammoo nyaata madaalawaa xiyyeeffannoo godhachuurratti rakkoo uumuu danda'a, keessumaa hanqinni maallaqaa yoo jiraate ykn iddoo jireenyaa dhaabbataa hin qabdan yoo ta'e.

Kuni rakkoo isin mudatu yoo ta'e nu beeksisaa. Yaada nyaataa salphaa ta'e dhiyeessun, bajata nyaataa, akkasumas barbaachisaa yoo ta'e deeggarsawaan biraa wajjin wal-sin qunnamsiisun isin gargaaruu dandeenya.



The Women's keessatti hirmaachuu

Yeroo hundumaa hirmaachuf carraan jira - isinirraa dhagahuu barbaanna.

Hirmaadhaa

Kanneen armaan gadii keessatti hirmaachuf affeeramtaniittu:

- qaama koree keenyaa, gareewwan hojii, garee xiyyeeffannoo ta'uun
- odeeffannoo fayyaa keenya akka ilaallufi gabbisnu nu gargaarudhaan
- karaa qorannoo onlaayinii yaada nuuf kennuudhan.

Nu waliin hojjachuudhaaf fedhii yoo qabaattan, Qindeessaa Hirmaannaa Hawaasaa qunnamaa.

T [\(03\) 8345 3983](tel:0383453983)

E community.engagement@thewomens.org.au

Tola ooltota


Women's keessatti tola ooltonni dhukkubsattoota, maatii isaanif muuxannoo addaa uumun bakkaafi yeroo barbaachisetti ogummaafi humnasaanii gumaachu.


Akka tola ooltota Women's tti beekumsa, fedhiifi gaarummaa keessaniin tajaajilawwan deeggarsa kilnika keenyaf ni gumaachitu.

Odeeffannoo dabalataaf Dursaa Sagantaa Tola Ooltummaa qunnamaa **T** (03) 8345 2078
E volunteers@thewomens.org.au

Miidiyaa hawaasaa irratti nu arguu dandeessu

 The Royal Women's Hospital

 @theroyalwomens
(Inistaagiraamii)

 @thewomens (Tiwiitara)

The Women's odeeffannoo fayyaa garaa garaa Ingiliffaafi afaanota garaa garaan ni dhiyeessa. Ofeennoon marsariitii Women's irratti ni argama.
thewomens.org.au

Liinkii afaanii

በርስዎ ቋንቋ መረጃ ለማግኘት በድረገጻችን ላይ ይጎብኙ

للحصول على المعلومات بلغتكم زوروا موقعنا الإلكتروني

用您說的語言瞭解詳情，請瀏覽我們的網站

Για πληροφορίες στη γλώσσα σας επισκεφθείτε την ιστοσελίδα μας

अपनी भाषा में जानकारी प्राप्त करने के लिए हमारी वेबसाइट पर जाइए

Per informazioni nella vostra lingua visitate il nostro sito web

Macluumaad intaas ka badan oo af Somali ah booqo websaytkayaga

Kendi dilinizde bilgi almak için web sitemizi ziyaret edin


Để biết thông tin bằng ngôn ngữ của quý vị, hãy truy cập trang mạng của chúng tôi

thewomens.org.au

**Fayyaan dubartootaa
barbaachisaadha.
Odeeffannoo keenya
waa'ee fayyaa dubbisaa.**

Maaloo ilaalaa:

thewomens.org.au



the women's
the royal women's hospital
victoria australia